# Yaa ilillii
# Afriikaa kennaa kana fudhu!



Yaa shamara muslimaa, yaa ilillii iftuu dachii Afrikaa, Rabbiin kabajmtuu fi tikfamtuu sitaasisee, Islaamummaa fi iimaanaan si breechee, jireenya keetii fi jireenya hawaasa keetii keessatti gahee guddaa siif taasise. kitaabni xiqqaan kun qajeelfamootii amantii kee keessatti, ibaadaa kee keessatti, namuusa kee keessattii fi hawaasa ijaaruu keessatti ga'ee ati qabdu irratti wantoota haalaan si barbaachisaniif xiyyeeffannoo kenna.

## Inni tokkoffaan: amantii shamara muslimaa,

## Amantii jechuun maali?

Amantiin Iimaana shakkii hin qabne Rabbiitti, malaa'ikaa isaatti, kitaabota isaatti, ergamtoota isaatti, guyyaa Aakhiraattii fi toltuu fi hamtuu murtootti amanuudha. isaan kun hundee jireenyi kee isa irratti gadi dhaabbatudha, hanguma hundeen kun sirrii fi jabaa ta'een atis irra raggaatuu fi tasgabbooftuu taata.

Ruknii amantii fi jireenya kee keessatti barbaachisummaa isaa,

**1_Rabbii tokkicha kan shariika hin qabnetti amanuu.**

•Rabbiin isa tokkicha tokko ta'e, kan mootummaa fi gabbartii isaa keessatti shariika hin qabnedha.

•isa qofa irratti hirkachuu, isa qofa irraa malee sodaachuu dhabuu fi rahmata isaa malee kajeeluu dhabuutu dirqama sirratti ta'a.

•Rabbiin ol ta'e akkas jedha: {jedhi: "inni Allaahaa(gabbaramaa dhugaa) tokkicha, Allaahaan hirkoo waa hundaati, hin dhalle hin dhalannes, hiryaan tokkos isaaf hin taane."](Al_ikhlaas1_4)

**2_malaa'ikotatti amanuu.**

•Malaa'ikonni gabroota kabajamoo Rabbiin hin faallessinedha, isaan irraa jibriil isa wahyiin bu'u, miikaa'iil, israafiilii fi malak al_mawt(malaa'ikaa du'aa) kan jedhamantu jiru.

•jireenya isaaniitti amanuun dirqama, garuu waan tokkoyyuu isaan irraa hin barbaadin, kadhannaan Rabbiif malee hin ta'u waan ta'eef.

**3_Kitaabota samiidhaa bu'anitti amanuu.**

•Qur'aanni haasawa Rabbii isa hin jijjiiramne, isa dhimmoota jireenya keetii hunda keessatti qajeeluma keetiif madda bu'uuraa ta'edha.

•isaan hojjachuu, hiikkaa isaa barachuu fi hiryaa kee yeroo hundaa isa godhachuun dirqama ta'a.

**4_ergamtootatti amanuu,**

•hundi nabiyyii Rabbiin ergee ergaa tawhiidaatiin dhufe, irra guutuun isaanii nabiyyii Muhammadi Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu.

•isaan irraa tokkoon isaaniiyyuu hin gabbaramu, isaan ni hordofamu ni kabajamu malee, tokkoon isaanii bakka isaatii olitti ol hin fuudhamu.

**5_guyyaa Aakhiraatti amanuu.**

•inni guyyaa herregaati, guyyaa ilmi namaa hundi hojii isaa irratti itti mindeeffamudha, waan booda du'aatiif hojjadhu, jireenya kee keessatti yeroo hundaa tarkaanfii gara jannataa taasifadhu.

**6_murtootti amanuu toltuu fi hamtuu isaatti.**

•jireenya kee keessatti wantii hunduu Rabbiin irraa murtaa'e, balaadhaaf hin dallanin, rahmata isaa irraa abdii hin muratin, hundi wanta Rabbiin siif filatuu tolaadha, ammatti hubachuu yoo dadhabdeyyuu

**<u>dhaamsa amantii qalbii kee keessatti raggaasisu.</u>**

●Qur'aana hiryaa kee taasifadhu, inni ifaa qalbii kee ibsudha waan ta'eef.

●Zikrii irratti cichoomi, inni amantii kee laafiinsa irraa eega waan ta'eef.

●Madda sirrii irraa amantii kee baradhu, baasaa fi kuraafaata irraa fagaadhu.

**Inni lammaffaan: Dirqamoota shamara muslimaa,**

**1_salaata tikfachuu,**

•salaanni Rabbii waliin wal qunnamsiistuu keeti, inni jalqaba waan ati guyyaa qiyaamaa irraa gaafatamtuuti.

•wanti tokkoyyuu isa irraa akka booda si aansu hin godhin, akkuma ala keetii fi dhimmoota jireenya keetiitiif xiyyeeffannoo kennitutti, salaata keetiifis irra caalaa xiyyeeffannoo kenni, inni bu'uura gammachuu keetiiti waan ta'eef.

•nabiyyiin Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu akkana jedhani: "Rabbiin biratti hojiin irra jaallatamaan salaata yeroo isaatti salaatuudha" (bukaarii fi muslimtu gabaase)

**2_hijaabaa fi namuusa,**

•hijaabni goonfoo kabajaati, inni ajaja Rabbiin irraa si tiksuuf ta'edha, aadaa qofaa miti.

•nama inni hidhaadha jedhu hin dhugeessin, inumaa inni jabeenyummaadha, inni akka shamara muslimaa kabajamtuu tokkootti waan adda si baasudha.

•Rabbiin ol ta'e akkas jedhe:

{Yaa nabiyyichaa! "niitolii keetiin, shamarran keetii fi dubartoota mu'umintootaatiinis, jilbaaba(hijaaba) isaanii (qaama) isaanii irratti gadi buusaa" jedhiin, akka beekamanii hin rakkifamneefis kanatu irra dhihoodha} (Al_Ahzaab: 59)

**3_haadhaa fi abbaatti tola ooluu akkasuma maatiittis tola ooluudha,**

•jaalalli Rabbii jaalala haadhaa fi abbaa irraati, isaanitti tola ooluu, isaan tajaajiluu fi gammachuu isaanitti seensisuu keessatti bololi.

•sagalee kee isaan irratti wal hin fuudhin, Rabbiin faalleessuu waan hin ta'een ala isaaniin buli.

**4_haala toluu fi arraba to'achuu,**

•nama tokkoyyuu hin komatin, nama tokkoyyuu hamaan hin dubbatin, hundi jecha afaan keetii ba'uu sirratti galmaa'a waan ta'eef.

•nabiyyiin Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu akkana jedhani: "muslima jechuun nama muslimootiin arraba isaatii fi harka isaa irraa nagaa ba'anidha" (bukaarii fi muslimtu gabaase)

**5_amanamummaa fi dhugummaa,**

•jechaa fi gocha kee keessatti nama dhugaa ta'i, dhugummaan mallattoo mu'umintootaa irraati waan ta'eef.

•nama tokkoyyuu hin gowwoomsin, bittaa fi gurgurtaa yookaan hojii yookaan hojii nama waliin hojjattu kamuu keessatti hin gowwoomsin.

inni sadaffaan: hawaasa ijaaruu keessatti  ga'ee shamara muslimaa.

ati hawaasa keessatti nama iddoo hin qabne tokkoo miti, inumaa ati oomishtuu dhalootaa fi hunda namoota naannoo kee jiranuutti dhiibbaa kan uumtudha.

**1_islaamummaa irratti ilmaan guddisuu,**

•daa'ima keetiif situ barsiisaa jalqabaati, waan hunda keessatti hidhannoo bareedduu ta'i.

**2_beekumsa barbaachuu keessatti tattaaffachuu,**

•beekumsi shari'aas ta'ee kan duuniyaa, beekumsi ifaadha, yeroo hundaa barachuuf bololi.

•nabiyyiin Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu akkana jedhani: "beekumsa barbaachuuf jecha namni karaa deeme, Rabbiin isaan karaa gara jannataa isaaf laaffisa" (Musllimtu gabaase)

**3_namoota gidduu walitti tolchuu,**

•nageenya facaasuu keessatti sababaa ta'i, madda balaa fi woldhabbii hin ta'in.

•wal dhabbii tasgabbeessuu fi afuura obbolummaa fi namoota gidduutti waliif dhiisuu facaasuuf bololi.

**4_hojii toltuu keessatti qooda fudhachuu,**

•rakkattoota gargaari, dhimmamtootaaf hirkoo ta'i, karaa danda'amu kamiinuu toltuu facaasuu keessatti qooda fudhu.

•dubbii hojii gaarii kamuu akka salphaatti hin ilaalin, jecha gaarii yoo ta'ellee inni sadaqaadha waan ta'eef.

**5_hidhannoo gaarii akka taatu,**

•haala gaarii irraa dubbachuun kee qofti gahaa miti, inumaa hojii keetiin isa jiraachuun dirqama ta'a.

•shamara muslimaa milkooftuuf fakkeenya ta'i, isii amantii isiitii fi jireenya isii gidduu wol madaalchiftee deemtu.

akkuma haadholiin mu'umintootaa turanitti Rabbiin isaan irraa haa jaallatu.

dhuma irratti, yaa ilillii barakaa qabdu,

dhugumatti islaamummaan bakka guddaa siif Kennee, dubbii kee ol fuudhee, hawaasa kee keessatti ifaa si taasisee jira.

gahee kee hin xinneessin, nama tokkoofuu gatii kee akka xiqqeessu hin eeyyamin.

dhuma irratti, yaa ilillii barakaa qabdu

dhugumatti islaamummaan bakka guddaa siif Kennee, dubbii kee ol fuudhee, hawaasa kee keessatti ifaa si taasisee jira.

gahee kee hin xinneessin, nama tokkoofuu gatii kee akka xiqqeessu hin eeyyamin.

●amantii isii irratti kan raggaate, hijaaba isii jabeessite kan qabattee fi kabajaa isiitiin kan boonte ta'i.

●waan wal namatti fakkaatuun hin gowwoomfamin, yeroo hundaa kabajaan kee inni guddaan shamara muslimaa ta'uu kee akka ta'e yaadadhu.

●lubbuu keetiif faana gaarii hojjadhu, qalbii kee Rabbitti rarra'aa godhii dhiisi, inni isa nama gara isaa deebi'e hin hoongessinedha waan ta'eef.

Yaa Rabbi shamarran gaggaarii irraa nu taasisi, ibaadaa kee irratti nu raggaasisi, toltuu facaasuu keessatti sababaa nu taasisi.

Rabbiin rahmataa fi nageenya nabiyyii keenya Muhammad, maatii fi sahaabotii isaanii hunda irratti haa buusu.

# Yaa ilillii
# Afriikaa kennaa kana fudhu!

